

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير أوروامو

Gaafa: 06-04-2012 ibsa  
Date:

تاريخ

Lakk.: 005/-abo/2012  
No.:

رقم

## Barruun Maqaa ABOtiin Dhihoo kana Washington Post Irratti Maxxanfame Gonkumaa kan ABO Ilaallatuu Miti

### Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo

Hagabaastuun Washington Post Emily Wax gaafa Ebla 1, bara 2012 mata duree “*As separatists in Ethiopia disarm, a new chapter for D.C.’s Oromo community*” (Fottoqxoosni Itoophiyaa keessaa hidhannoo hiikkatan, D.C. keessatti konyaan hawaasa Oromoo haaraan utubame) jedhuun akka waan ABOon kaayyoo Itoophiyummaa filatee fi hidhannoo hiikkateetti gabaasaa haqa irraa fagaate (false report) dhiheessuun ni yaadatama. Maxxanfamu gabaasaa kijibaa kanatti fufee ummanni Oromoo hiree maxxansa san dubbisuu argate guutummaatti haala jechuu dandaamuun dheekkamsa isaa ibsachaa jira.

Gabaasaa kana wantoototni kijibsiisan kaayyoo fi tooftaa qabsoo ABOon itti jiru haalanii dhiheessuu qofa osoo hin taane, maqaan namoota akka miseensota ABOtti gabaasaa kana keessatti eeramaniis gonkumaa tarree miseensota dhaaba keenyaa keessatti kan hin argamne tahuu isaa ti. Washington Post waa’ee dhaaba keenyaa gabaasuu yoo barbaade karaa waajjira keenya beekamaa Amerikaa keessatti argamuu hoggana dabalatee miseensota keenyaa suduudaan qunnamuu osoo danda’uu, lakkoofsa telefoona keenyaa galmee telefoona Waashington D.C. keessaa baafachuu fi maqaa qondaalota waajjira keenya D.C. taligan Ministeera Haqaa Ameerikaa biraa argachuu osoo danda’uu murnoota dhaaba keenya dura dhaabbataiin dogoggorfamee maqaa ABO akka hin taanetti addunyaatti himuu isaatti heddu gaddina. Hagabaastuun tun naamusa gaazexessummaa irraa maqxee beekaas haa tahuu wallaalaa dogoggora raaw’atte kana akka sirreesitu gaafatamtu illee hanga ammaatti kana gochuu hin dandeenye/ hin ehamne. Gartuu tokkoof loogdee dhugaa ABO jalliftee dhiheessuun ishee dhaaba keenya qofa osoo hin taane ummata Oromoo balaa biratti ishee fi Gazeexaa Washington Post taajjabbii guddaaf akka saaxile dhoksuu hin dandeenyu.

Addi Bilisummaa Oromoo akka gabaasaan dharaa (False Report) Washington Post irratti maxxanfame kun jedhutti kaayyoo isaa Walabummaa ummata Oromoo deebisuuf qabsaawu hin jijjiiree. Hidhannoo ittiin mirgoota ummata isaa sarbaman deebisuuf falmachaa jirus hin hiikkanne; hanga haallii hidhannoo nu kaasise jijjiiramutti hidhannoo hin hiikkatus. Miseensonni fi deeggartoonni keenya, ummanni Oromoo balaa, akkasumas firootan qabsoo keenyaa fi hawaasni addunyaa guutuun dhugaa kana akka sirriitti hubatan feena.

Kanneen maqaa dhaaba keenyaatiin dantaa dhunfaa isaanii guuttachuuf jecha diinota tarsiiimoo QBOtti hirkatanii olola kana facaasaa jiran eenyu akka tahan ummata keenyaa jalaa dhokataa miti. Gaafa ummata Oromoo biraa fuula dhaban miidiyaa alaa wayii barbaadanii gabaasa sobaa qindeessanii ittiin dhageettii bitachuuf dhama’uun mallatoo gadi bu’insa isaanii ti. Amma duras haala kana fakkaatuun qubsumaa fi bobbaa WBO Zoonii Kibbaa karaa miidiyaa alaa tokko saaxilani akka mootummaan Wayyaanee WBO fuula sanii rukutuuf haala aanjessuufii isaaniif ummata Oromoo cufatu ragaa dha. Harás murnoonni maqaa Itoophiyummaatiin sossóanii fi gantoonni isaanitti galan ABO isa dhugaa dura dhaabbatanii karaa hundumaanuu waan moohachuu dadhabaniif bixxillee maqaa ABO dhahattu tolfatanii Washington Post kadhatanii eebbisiifachuuf akka yaalii kana taasisan beekamaa dha.

Haa tahu malee qabsoon ABOtiin geggeeffamaa jiru ijibbaata abdi murannaa diinnaniitiin osoo hin gufanne hanga galii isaatti itti fufa. Washington Post guyyaan isaan waaée ABO fi qabsoo bilisummaa Oromoo isa dhugaa gabaasuudhaan dogoggora hará raawátan kana sirreessan ni dhufa.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Ebla 6, bara 2012

